“Nyaanni bakka jirutti salaatni hin jiru, akkasumas yeroo namichi fokkataa lamaanin wal deddeebisu keessattis salaata salaatuun hin jiru”

Āa'ishaa irraa akka gabaafametti -Rabbiin irraa haa jaalaatu- akkana jette: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- akkana yoo jedhu dhagahe: “Nyaanni bakka jirutti salaatni hin jiru, akkasumas yeroo namichi fokkataa lamaanin wal deddeebisu keessattis salaata salaatuun hin jiru”.

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- bakka nyaata lubbuun nama salaatuu sanaa hawwituu fi qalbiin isaa itti rarraatutti salaatuu dhoorgan. Akkasumas yeroo fokkatoo lamaanin waliin dhiphatu keessatti salaatuu irraa dhoorganiiru -fokkatoon lamaanis fincaanii fi sagaraadha-; sababni isaas waan inni rakkina ofirraa ittisutti bobba'uuf jecha.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/3088